Oromiyaa

Lakk. 348

Oduu

Konfiransiin hundee dhaabaa hojiiwwan baatii sadan darbanii qoratee murtee dabarse

Konfiransiin hundee dhaabaa dhihoo kana gandoota Oromiyaa hunda keessatti adeemsifame dhimmoota gurguddoo sadii irratti mari'atee murtee akka dabarse wajjirri giddu galaa Dh.D.U.O beeksise.

Waajjira giddu galaa Dh.D.U.Otti itti gaafatamaa sab-qunnamtii Dh.D.U.O kan ta'an Ob. Zalaalam Jamaanee gaazeexaa Oromiyaaf akka beeksisanitti, konfiransiin kun waggaa 5ffaaf haala guddinni itti mirkanaa'uu danda'u, dadhabbinaafi cimina raawwii hojii baatii sadan darbaniifi hojii baatii sadan dhufan hojjetamuu qaban irratti mari'atee murtee dabarseera.

Haaluma kanaan qonnaan bulaan lafa qabu hunda osoo hin hambisiin qotee fayyadamuu akka qabu, callaa guddiftuu itti fayyadamuu qabu hundatti akka fayyadamu, aadaa hojii irratti hanqina jiru maqsuun maatii isaa hunda hojii irratti akka bobbaasu konfiransiin kun murtee dabarsuu isaa Ob. Zalaalam ibsaniiru.

Kana malees qonnaan bulaan oomisha gabaa irratti barbaadamu baay'inaan akka oomishu, lafa xinnoo irratti oomisha addaddaa akka oomishu, ijoolleen umriin isaanii barumsaaf ga'e hundi carraa barumsaa akka argatan ummanni daree dabalataa ijaaruu irratti akka hirmaatu, fayyaa ilaalchisees ummanni dursee ittisuu irratti akka xiyyeeffatu konfiransiin kun balinaan irratti mari'ateera..

Dhuma irrattis miseensi sadarkaa hunda jiru murtee kana hojii irra oolchuun dirqama isaa waan ta'eef dirqama kana ba'uuf akka sosso'u Ob. Zalaalam dhaamaniiru

Oomisha bara 1999/2000tiif xaa’oo kuntaala mil. 2.2 dhiheessuuf karoorri qabamee akka jiru ibsame

Oomisha bara 1999/2000tiif xaa’oo kuntaala mil 2.2 qonnaan bultoota naannichaatiif dhiheessuuf karoora qabameen, hanga dhuma ji’a Eblaatti xaa’oo kuntaala kuma 830 biyya keessa galchu un akka danda’ame biiroon misooma qonnaafi baadiyaa Oromiyaa ibse.

Bakka bu’aa itti gaafatamaa bulchiinsa bittaafi dhiheessii callaa guddiftuu biirichaa kan ta’an Ob. Abarraa Bayyanaa akka ibsanitti, xaa’oo dhiheessuuf karoorra qabame keessaa kuntaala mil. 1.25 kan galchan yuuneenota Oromiyaa shan yoo ta’an, adeemsa hanga ammaa jiruun xaa’oon kuntaala kuma 830 biyya keessa galee harka yuuneenota ga’eera.

Yuuneenotiin xaa’oo alaa galchuuf caal-baasii sadarkaa Federaalaatti deemsifame irratti hirmaatanii moo’achuun, yeroo ammaa xaa’oo qonnaan bulaaf dhiyeessaa jiran Gibee deddessaa, Heexosa, Erar, Biiftuu Salaaleefi Lumee Adaamaadha. Haaluma kanaan, Gibee deddessaa, Erar, Biiftuu Salaaleefi lumee Adaamaadha. Haaluma kanaan, Gibee deddessaa, Erar, xaa’oon galchuu qaban kuntaalli 750,000 alaa galee harka isaanii kan ga’e yoo ta’uu, Biiftuu Salaalee kuntaalli kuma 80 alaa gale harka ga’eera, kan hafe buufata Dooniitii fe’aa jira. Lumee Adaamaa, galchuudhaaf sochii irra akka jiru ibsameera.

Ballina oduu kanaa bo’oo Aaga Badhaadhinaa jalatti dhiheessineerra.

Sanyiin Anaanaasii fooyya’aa ta’e qorannoon argame

Jiddu galeessi qorannoo qonnaa Jimmaa oyruu qonnaan bulaa irratti qorannaa adeemsiseen oomisha Anaanaasii fooyya’aa ta’e argachuu isaa ibse.

Jiddu galeessa qorannoo qonnaa Jimmaatti ogeessa kudraafi mudraa kan ta’an Ob. Darrasee Tashoomaa riippoortara gaazeexaa Oromiyaatiif akka ibsanitti, oyiruu qonnaan bultoota lamaa irratti taasifameen oomishni duraanii kuntaalli tokko birrii 200-250tti yemmuu gurguramu, kan qorannoon argame kun kuntaalli tokko birrii 545tti akka gurgurame Ob. Darrasaan dubbataniiru.

Qorannoon kun oyiruu qonnaan bultootaa irratti qoqqooduun xaa’oo ammayyaa, xaa’oo malee, dikee, qola boloqqee, qola bunaa akka xaa’ootti fayyadamuun kan adeemsifame ture. Bu’aa argameenis kan qola bunaa akka xaa’ootti fayyadamuun dhaabame tokkoffaa yermmuu ta’u, kan qola boloqqee fayyadamuun dhaabame lammafaa ta’uu isaa ogeessi kun addeessaniiru.

Qorannoon kun kan adeemsifame aanaa Gommaa ganda qonnaan bulaa Bulbuloo keessatti yemmuu ta’u, wayta ammaatti oomisha kana babal’isuuf qonnaan bultoonni 200 galmaa’uu isaanii ibsa kenname irraa hubachuun danda’ameera.

Fiixa ba’insa murteewwan konfiransi keenyaatiif murannoon haa hojjennu

Konfiransiin qonnaan bulatoota miseensota Dh.D.U.O gandoota Oromiyaa kuma ja’aa ol ta’an keessatti Ebla 15/1999 irraa eegalee adeemsifame hojiiwwan baatiilee sadii darbani eerga qorate booda waggaa oomishaa dhufu keessas yeroo shanaffaaf guddinni oomishaa caalmaan akka galmaa’uuf hojjetamu akka qabu murtee dabarsuun xumurameera.

Konfiransiin qonnaan bultoota miseensota Dh.D.U.O baatii sadii sadiin kan adeemsifamu yemmuu ta’u ajandaawwan marii dhaabbataan (idileen) qophaa’aniifi haala aanaafi gandichaa gidduugaleessa taasifatanii qophaa’aniif ajandaawwan maree kanneen biroos bu’ura godhatee kan adeemsifamu ta’uusaa ni beekama. Haaluma kanaan konfiransiin qonnaan bultoota miseensota Dh.D.U.O tibba darbe adeemsifames ajandaawwan gurguddoo sadii kan gidduu galeessarraa qophaa’eefi ajandaawwan lama haala aanaafi gandichaa gidduu galeessa godhatanii qophaa’an bu’ura taasifatee kan adeemsifame ture.

Ajandaawwan kunneenis 1ffaa guddinota waggoota afran darban fufiinsaan galmaa’a dhufan mirkaneessine waggaa shanaffaa dhufu keessa haala akkamiin haadaballu, 2ffaa karoora baatii sadii darban keessa hojiiwwan misoomaa hojjetaman qorachuudhaan, ciminnifi dadhabinni raawwii keessatti mul’atan maal akka turan, ciminni ture haala attamiin caalmaatti cimee itti fufuu akka danda’uufi dadhabinni turemmoo haala akkamin foyya’u akka danda’u, 3ffaa hojiiwwan misoomaa baatii sadan dhufan keessaa hojjetaman maal maal akka ta’aniifi haala akkamitiin yoo hojjetaman bu’aa qabeessa ta’u akka danda’an bal’inaafi gad fageenyaan qorachu irratti kan xiyyeeffate ture. Kanamalees, miseensi hojii misoomaa keessatti haala akkamiitiin akka hirmaatu, haala nageenya naannoo, demokraasiifi bulchinsii gaariin naannoowwan konfiransiin kun deemsifameetti maal akka fakkaatuufi maal ta’u akka qabu qonnaan bultoonni kunneen marii isaaniitiin qoratanii murteewwan addaddaa dabarsaniiru.

Qonnaan bultoonni miseensota Dh.D.U.O konfiransii kana irratti hirmaatan qonnaan bultoota miliyoona tokko ta’u jedhamee kan tilmaamame yoo ta’eyyuu, konfiransii deemsifame kanarratti hojettota misoomafi gandoota magaalaa addaddaa dabalatee dhibbeentaa 80 kan ta’an konfiransii kanarratti hirmaachuun saanii gabaasa hanga ammaatti xumuramee dhiyaateerraa hubachuun danda’ameera. Kaayoon konfiransii kanaa inni ijoon guddina misoomaa waggotii afran darban keessa haala amansiisaa ta’een galmeeffame, waggaa dhufu, yeroo shanaffaaf haala akkamitiin yoo hojjenne, daballee mirkaneessu dandeenya kan jedhuufi kanuma fiixa baasuufis qonnaan bultoonni misoonsota Dh.D.U.O adda duree misoomaa ta’an humna misoomaa jiru (qonnaan bultoonni guutuummaan qaban) haala akkamin qindeessani hojjechuu akka danda’an hubachiisuu irratti kan xiyyeeffatedha.

Haaluma kanaan jalqabarratti qonnaan bultoonni misoonsoota Dh.D.U.O, karaa tokkoon, humna misoomaa tarsimoo misoomaa keenyaatiin tartiibaman, bishaan, lafaafi humna namaa qindeessuudhaan misoomaaf akka oluu dhamaati danda’ame hunda taasiisu, karaa biraatinammoo humna namaa maatii tokko keessa jiruufi misooma irra oluu danda’u hundi utuu hintatamsa’in hojiirra akka oolu taasiisuudhaan hojjechu akka qaban akka hubatan taasisuudha. Kanuma waliinis misooma guddisuu keessatti gaheen inni murteessaan kan qonnaan bultichaa yoo ta’eyyuu hojjettoonni (gargaartonni) misooma sadarkaa adda addaarratti argaman karoora misoomaa baasuurraa eegalanii hanga karooricha hogganuufi raawwiisaa to’achuutti gahee guddaa akka qaban, akkuma tarsimoo misoomaa keenyaatiin eerameetti bonaafi ganna of qusannaa tokkoo malee hojjechuu, teknoloojii misooma qonnaa gola hundaanuu jiranitti fayyadamuudhaan guddinni misoomaa si’a shanaffaaf akka milkaa’u gochuun barbaachisaa akka ta’e irratti waliigalameera.

Kana ilaalchisee qonnaan bultoonni hirmaattoonni konfiransichaa xumura konfiransichaarratti murteewwan addaddaa dabarsaniiru. Kanneen keessaa inni ijoon aadaa hojii jiru fooyyeessuudhaan humnii hojjechu danda’u osoo hin hafne oyiruurratti akka bobba’u gochuudhaan humna misoomaa dabalu, oomishawwan gabaarratti barbaadaman oomishuun haala kanaan dura tureerra fooyye’e akka oomishamuuf xiyyeeffannoo ol’aanaa kennu, lafa xiqqaarraa oomisha gosa addaaddaa baay’inaan

oomishuudhaaf xiyyeeffannoon itti kennamee akka hojjetamu, imaammata barnootaa mootummaadhaan qophaa'e fiixa baasuuf daa'imman umriinsaanii barnootaaf qaqqabe hunda gara mana barnootaatti eerguu, daree barootaa dabalaan hojjechuu, karaa eegumsa fayyaas, qonnaan bulaan humna guutuudhaan akka hojjetuuf dhimma dhukkuba ittisurratti akka xiyyeeffatuufi kanneen biroorrattis murteewwan ciccimoon darbaniiru.

Egaa kunneen akkuma jedhameetti waggaa oomishaa dhufu keessas yeroo shanaffaaf guddina misoomaa galmeessisuu kan dandeessisan waan ta'eef qaamnii dhimma isaa ilaalu hundi tumsa gochu qaba jenna.

Ijoo Dubbii

Adda durummaa keenyaan ammas guddinni ni galmaa'a

Guddina dinagdee biyya keenyaatiif utubaa ta'ee kan argamu damee qonnaati. Caalmaatti dameen kun ga'ee isarraa eegamu akka ba'uuf ammoo yeroo, yeroodhaan qonnaan bulaa wajjin wal arganii haala guddina isaarratti mari'achuun dhimma bira hin darbamneedha. Akkumaa hundi keenya yaadannu naannoo keenya keessatti waggoota sadiifi afuriin dura oomishni waggaatti argamu kunt. mil. 46 ol hin turre. Har'a garuu naannuaa kanaarraa oomisha kuntaala mil. 118 ol oomishamaa jira.

Guddina kana yeroo gabaabaa kana keessatti fiduun kan danda'ameef sababiiwwan of danda'antu jiru. Isaanis, jalqabarratti imaammata ga'aaf bu'aa kanaan nama ga'u qabaachuudha. Kun qofaa isaatti garuu galma yaadame sanaan nama hin ga'u, Inni murteessaan qonnaan bulaa damee kanarratti bobba'eef waltajjii uumaanii kayyoofi qixa imaammatichaarratti hubannoo uumuu, erga gara hojiitti galameen boodas adeemsichaa ta'an waliin qorachuu yeroo itti aanu hojii caalmaa qabu hojjechuuf qixa dandeessisurratti mari'achuun sirrii ta'a. Gama birootiin qonnaan bulaan dafqa isaa dhangalaase bu'aa jireenya isaa jijjiiruu dandeessisu akka argatuuf teknolojii ammayyaatiin deegaruunis dhimma bira hin darbamneedha.

Waggoota arfaan darban baadiyyaa keessatti guddinni ol'aanaan kun argamuu kan danda'eef dhimmoonni olitti tarreessine kunneen qabatamaan wanta hojiirra ooluu danda'aniifidha. Mareewwan yeroo gara garaa aadaa hojiirratti, qusannaarrattiifi mala ittiin oomisha isaa dabaluun danda'amurratti deemsifameen walii galteerra ga'uu duwwaa otuu hintanee jijjiirama olaanaas argamsiiseera. Kanaaf jechas qonnaan bulaan har'a yeroo isaa humina isaa hojii bu'aa jireenya isaa gara sadarkaa caalutti isaa ceesisuuf oolchaa kan jiru. Har'a wanta waggaa guutuu dafqa isaa dhangalaasee argate guyyaa tokkotti gadi dhangalaasee ji'a jaha hin beela'u.

Mareen kun ammas hin dhaabamne. Xiyyeeffannoon maree qonnaan bulaa kan isa bara kanaa akkamitti hojjennee guddina caalu galmeessina kan jedhuudha. Kana

hojiirra oolchuudhaaf ammas falli isaa qonnaan bulaaf, Dh.D.U.O abdii qonnaan bulaa ta’e harkaa jira. Innis qonnaan bulaan akkumaa barame yeroodhaan lafa isaa qopheessuu, sanyii ga’aafi qulqullina qabu qopheeffachuu yeroo isaa eegee facaasuu isaan boodas hojii hojjetamuun qabu hojjechuudha. Gama mootummaa Dh.D.U.On ogganamuutiin ammoo deeggarsa isarraa eegamu yeroo dhaan qannaan bulaa biraan ga’uudha.

Hojiiwwan kana hunda yeroodhaafi ga’umsaan yoo ba’e bu’aa yaadnu san fiduu hin dandeenya. Kanaaf ammoo miseensonni qonnaan bulaa keenyaa adda duree ta’an socho’uu qabu. Adda durummaan isaaniis kan madaalamu duula hiyyummaarratti eegalee fiixaan baasuudhaaf hangam hojjetanii of jijjiirran isa biroof fakkeenya ta’an kan jedhuun.

Kanaafuu hundi keenya otuu wal hin eegiin ga’ee keenya baanee yeroo shanaffaaf guddina yaa galmeessinu.

Aaga badhaadhinaa

Omishaafi omisheesitummaa dabaluuf

Woytiin amma keessa jirruu, woytii qonna gannaatiif qophiin barbaachisaan taasifamu. Qonni gannaa qonna guddaa haala dinagdee biyya keennaa bara baraan murteessu. Qonna ganna iratti milka'inni argamee jennaan, mamii tokko malee callaan ni dabala. Callaan qonnaa dabalee jennaan mamii tokko malee, dinagdeen keenna waliigalaa guddina agarsiisa. Kanaafuu, qophiin qonna gannaatiif taasifamus akkasuma murteessaa ta'uu qaba jechuudha.

Milka'ina qonna gannaatiif callaa guddiftoota shoora guddaa gumaachan keessaa, xaa'oofi sanyiin filatamaan yeroodhaan qonnaan bulaa biraan ga'uu barbaachisa. Xaa'os ta'ee sanyii filatamaa woytiidhaan qonnaan bulaa biraan ga'uudhaaf, dursanii qophii taasisuu gaafata. Gama kanaan akka mootummaa naannoo Oromiyaatti qophiin jiru maal fakkaata? jennee gaaffii kaafneef deebii kan nuuf kennan Ob. Abarraa Bayyanaa, bakka bu'aa itti gaafatama bulchiinsa bittaafi dhiheessa callaa guddiftuu Biiroo Misooma Qonnaafi Baadiyaa Oromiyaati.

Ob. Abarraan akka nuuf ibsanitti, callaa bara 1999/2000tiif akka naannoo Oromiyaatti xaa'oo dhiyeessuuf karoorri qabame kuntaala miliyoona 2.2 sanyiin filatamaan kuntaala 234,857. Karoorri qabame waliigalaa kana yoo fakkaatu, adeemsi raawwii maal fakkaata kan jedhu mee ilaalla.

Adeemsi xaa'oon bara kana alaa akka galu taasifameen adeemsa kanaan dura ture irraa garaagartee qaba. Kana dura, dhaabbileen caalbaasii moo'atanii xaa'oo galchan of isaanii dhaabbilee biyya alaa xaa'oo gurguran waliin dubbatanii jechuunis karaa baankii daldala Itoophiyaatiin gaaffii dhiyeeffatanii (letter of credit) xaa'oo galchu turan. Barana haalli sun jijjiiramee, xaa'oo akka galchu kan taasifamee Baankii daldala Itoophiyaati. Kun kan ta'ee, manni marii ministirootaa, callaa guddiftuu alaa galchuu keessatti baankiinis shoora isaa ba'uu akka qabu waan murteesseef.

Haala kanaan maqaa dhaabbilee caalbaasii mo'ataniitiin xaa'oo kan galchee Baankii daldala Itoophiyaa yoo ta'uu, yuuneenotiin Oromiyaa caalbaasicha moo'atan, birrii baankichii xaa'oo ittiin bite kafaluudhaan, xaa'oo isaanii gara waldaalee bu'uuratti fe'aa jiru yeroo ammaa.

Yuuneenotiin maallaqa xaa'oo alaa ittiin galchan dhabanii akka hin rakkanne, baankota irraa liqiin gaafatameeti. Baankii daldala Itoophiyaa irraa birrii 451,129,626, Baankii waldaa hojii gamtaa Oromiyaa irraa birri mil. 80. Liqaan baankii walda hojii gaamtaa Oromiyaa irraa gaafatame harka yuuneenotaa ga'eera. Kan Baankii daldalatis gidduu kana gad hin dhiifama. Baankichii birrii xaa'oo ittiin galche %80 harkatti fudhachuun xaa'oo yuuneenotaaf gad lakkisa; %20 wabii kan ta'ee mootummaa Naannoo Oromiyaati, bajata isaa irraa. Gatiin xaa'oo cinaan liqiin qonnaan bulaaf kennama waan ta'eef, qonnaan bulaa biraa liqii walitti qabamee deebi'uuf wabii ta'ee jechuudha mootummaa naannoo Oromiyaa

Haala kanaan yeroo ammaa kana yuuneenotiin sadii, Gibee Deddeessaa, Heexosaafi Erar, waliigalaan xaa'oo caalbaasiin moo'atan kuusaa giddu galeessaatii fe'ataniiru. Yuuneeniin Biiftuu salaalee, kuntaala 250,000 keessa hanga Ebla 30ti kuntaala kuma 80 fe'ateera; kan hafes fe'aa jira. Gosti xaa'oo yuuneenotiin afran galchan Daappii yoo ta'u, yuuneeniin Lumee Adaamaa kuntaala 250,000 caalbaasiin moo'ate yuuriyaa akka galchu taasifame. Galchuudhaaf qophii irra jira yeroo ammaa.

Xaa'oo Daappii kuntaala kuma 830 biyya keessa galee harka yuuneenotaa ga'e keessaa, daappiin kuntaalli 68,391 yuuriyaan kuntaalli 1,477 waliigalaan kuntaalli 69,868 hanga yeroo ibsi kun nuuf kennametti (Ebla 30/99) harka waldaalee bu'uura ga'eera. Kanaan alattis yuuriyaan kuntaalli 300,000 bara darbe bule akka jiru ibsameera. Gama biraatiin xaa'on hanga alaa galuuf qonna Afraasaa irratti hanqinni akka hin dhaqqabne, dhaabbata daldala wando jedhamu waliin waliigalteen godhamee, xaa'oon Daappiin kuntaala kuma 50 qonnaan bulaaf dhiyaateera.

Bara kana xaa'oon alaa galuu irratti xinnoo duubatti harkifateera. Gatiin xaa'oo gabaa adunyaa irratti waan ol ka'eef, hanga gad bu'uuf jedhamee waan eeggameef. Kanaaf caalbaasiin yeroo xinnoo gatiin gad bu'etti sadarkaa Feederaalatti deemsifame.

Kanaaf hanga bitamee galuuf, yeroon duubatti harkifateera. Haala kanaan yeroon facaasaa qonnaan bulaa jalaa akka hin dabarreef, xaa'oo duraan gales ta'ee kan bara darbe bulee, dursa worra dura facaasuuf akka raabsamu taasifamaa jira ibsa Ob. Abarraa Bayyanaa irraa hubachuun akka danda'ametti. Kanaaf, bara kanas dhiheessiin xaa'oo rakkina malee qonnaan bulaa walga'a abdii jedhutu jira.

Gama sanyii filatamaatiin karoorri jiruu sanyii garagaraa kuntaala 234,857 dhiheessu ta'ullee, hanga ammatti kan dhihaate kuntaala 20,464; kana keessaa garri caalu boqqolloodha. Kan raabsame kuntaala, 7,180. Gama sanyii filatamaatiin hanqinna guddutu jira. Qaawwala guddaa kana, sanyii maasii qonnaan bulaa irratti baayyifameen guutuudhaaf sochiin godhamaa jira jechuun Ob. Bayyanaan kan ibsan.

Bara darbe xaa'oon Oromiyaa keessatti raabsame kuntaala mil. 1.6 ture. Barana hanga kuntaala mil. 1.9 raabsamuu danda'a yaada jedhutu jira. Kana gochuuf qophiin gaariin akka jiruudha Ob. Abarraan kan nuuf mirkaneessan. Haala gatii gama ilaaluunis, ragaa hanga ammatti jiruun gatii bara darbee irraa garaagartee guddaa akka hin qabne Ob. Abarraan ibsaniiru.

Walumaagala callaa guddiftoota qonnaan bulaan barbaadu akka gaaffii isatti dhiyeessuuf qophiin barbaachisaan taasifamee sochiin godhamaa akka jiru, ibsa Ob. Abarraa irraa hubachuun danda'ameera. Xaa'oos ta'ee sanyii filatamaa hanga danda'ameen yeroofi baayyina gaaffatameen qonnaan bulaa biraan ga'uun danda'amnaan, kana biratti haalli qilleensaa tollaan, ogeessotiin misooma qonnaa ga'ee isaanii bayanii jennaan, bara callaa 1999/2000ti omishii akka naannotti dabaluuf karoorfame ni milka'a abdii jedhu qabna. Nagaatti.

Ekisteenshiniin callaa guddisuu keessattishoora qabu

Gosa midhaani	Sagantaa ekistenshiniin kan omishasme kuntaalaan	Qonnaa mala aadaatiin kan omishame kuntaalaan
Boqqolloo	46.25	15.8
Qamadii	28.6	11.78
Mishingaa	26.8	10.9
Xaafii	14.1	8.46
Garbuu	21	9.98

Ekisteenshiniin qonnaa omishaafi omisheesitummaa guddisuu keessatti qoodni qabu baayyee guddaadha. Omishaafi omisheesitummaa guddisuu danda'uun, jiruufi jireenya qonnaan bulaa keennaa jijjiiruu danda'uudha. Jiruufi jireenya qonnaan bulaa jijjiiruu danda'uun waliigalaan jireenya hawaasa biyya keennaa akka jijjiiru amanama. Jireenyi hawaasa biyya keennaa jijjiiramuun, guddina dinagdee biyya keennaa saffisiisuun jijjiiramni waliigalaa akka dhufu godha. Kanaaf, mootummaan misooma qonnaafi badiyaatiif xiyyeeffannaa kennee tajaajilli ekisteenshiinii qonnaa akka babal'atu taasisaa jira. Mee dhugaa kana, callaa qonna ekisteenshiiniifi qonna mala aadaatiin lafa hektara tokko irraa giddu galeessummaan argame gabatee kanaa gadii keessatti walbira qabnee haa ilaallu.

Ragaan kun kan agarsiisu omisha bara omishaa 1987/88 hanga 1992/93 waggaa jahaaf maasaa qonnaan bultoota ekisteenshiin ammatamanii qotaniifi, kan ekisteenshiiniin utuu hin ammatamne qotan argatan bara baraan galmeessuun walitti eda'amee, jahaaf qooduudhaan, garaagarteen gidduu omisha lamaanii jiru akka biyyaalessatti wal bira qabamee kan ilaallameedha.